

STAY SAFE MN



COVID-19: Gara Hojiitti Yoom Akka deebii'amu

Wayita mana turtuu fi bakka hojiitti deebiitutti qajeelfamoota kanneen hordofi. Qajeelfamooti kanneenis hojjattoota kunuunsa fayyaa keessa hojjataniin alatti hojjattoota hundaafi. Hojjattoota fayyaatiif ammo odeeffannoon fuula Kutaa Fayyaa Minnesotaa [Kunuunsa Fayyaa: COVID-19 \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/hcp/index.html\)](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/hcp/index.html) irrattiifi mindeessaa kee irraa ni argama.

Mallattoowwan dhukkuuba COVID-19 gubbaa qaamaa, qufaa, argansuun xinnaachuu, qorraa, bowwoo mataa, dhukkuba maashaalee, qonqoon dhukkubuu, dadhabbi, funyaanii cufamu, ykn miira dhandhamuu ykn urgeeffachu dhabu dabalaluu danda'a. Mallattoowwan baayyee hinbaramnee ammo dhukkuuba garaa keessaa kan akka ol guruu, hoqqisiisuu, ykn garaa kaasaa ni dabalata.



Yoo namni waliin jirattuu COVID-19n qabamee ykn Mallattoowwan COVID-19 qabaate:

- Qoratamtee COVID-19'f nagaativii taatuuleen, guyyoota 14'f:
 - Amma dandeesseetti manuma turi.
 - Warra kaan irraa fagaachuun turi.
 - Wanta warri kaan tuqan kamiyyuu: bilbila, haaduuwwan fi fal'aanawwan, kkf hinqoodiin.
- Yoo dandeessee itti gaafatamaa keetti himuun manaa hojjadhu. Yoo kunuunsa fayyaa ykn hojii murteessaa bakka afuun kee rakkina hojjataa itti uumuu kan biraa keessa hojjatta ta'e, waa'ee hojiirratti qajeelfamawwan dhuunfaa argachuuf mindeessaa keetiif bilbili. Hojjachuun yoo hayyamamee maaskii uffachuun warra kaan irraa miila 6 (meetira 2) fagaadhu.
- Kan hindhukkubsannee yoo ta'e, guyyoota 14 booda gara hojiitti deebii'i.
- Yoo dhukkubsattee ammo, manuma turuu itti fufi akkasumas qajeelfamoota ykn mallattoowwan COVID-19 qabaniif kennamu kan asiin gadii hordofi.



Yoo COVID-19 qabamte ykn mallattoowwan COVID-19 qabaattee:

- Warra kaanii irraa fagaachuun turi; wantoota namoonni kaan tuqan kamiyyuu (bilbila, albeewwanii fi fallaanawwan, kkf) hinqoddatiin; warra kaan waliin kutaa tokko keessa ta'uun yoo sirra jiraatemaaskii kaawwadhu; hanga wantoonni sadanii kanneen hundi dhugaa ta'aniitti manuma turi:
 - Erga mallattoowwan kee jalqaba si eegalee guyyoota 10 kan guutee, **FI**
 - Osoo qoricha gubaa qaamaa hir'isuutti hinfayyadamiin, yoo sa'aatii 24'f qaama gubaa irraa bilisa taatee, **FI**
 - Mallattoowwan COVID-19 kee kan fooyya'ee ta'e.
- Hubadhu: Yoo haalawwan sirna dandamannaa kee dadhabsiisuu ykn hospitaalaa keessa kan turte ta'ee, guyyoota 10 caalaa mana turuu si barbaachisa ta'a.nQajeelfamootaaf hakiimii kee ykn kilnikiitti dubbadhu.
- Yoo dandeesse itti gaafatamaa keettii himuun manaa hojjadhuu. Yoo kunuunsa fayyaa ykn hojii murteessaa bakka afuun kee rakkina hojjataa itti uumuu kan biraa keessa hojjata ta'e, waa'ee hojiirratti qajeelfamawwan dhuunfaa argachuuf mindeessaa keetiif bilbili. Hojjachuun yoo hayyamamee maaskii uffachuun warra kaan irraa miila 6 (meetira 2) fagaadhu.
- Hojiitti wayita deebiitu, yoo danda'amee, warra kaan irraa miila 6 fagaadhuutii, maaskii kaawwadhu.



Kutaa Fayyaa Minnesootaa | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North L.S.P 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Danaa filmaataa gaaffachuuf health.communications@state.mn.us quunnam.

07/27/2020 (Oromo)